

Yooman qoratamuu qaba? Imala Idil-addunyaa

BARREEFFAMA

[muuziqaa bohaarsaa]

[Seenessa]

COVID-19'f yoom qoratamuu qabdu?

Maatiin keessan gara biyya biraatti imalaa jira. CDC'n imala keessan duraa fi booda akka qoratamtan gorsa. Ulaagaalee fi gorsawwan imalaa baay'ee haarawa ta'aniif marsariitii CDC kana daawwadhaa (<https://www.cdc.gov/coronavirus/2019-ncov/travelers/international-travel-during-covid19.html>).

Biyyoonni tokko tokko illee imala keessan dura akka qoratamtan ykn akka talaalamtan isinirraa eeguu malu. Ulaagaalee addaa bakka itti imaltanii adda baafachuu keessan mirkaneeffadhaa. (<https://travel.state.gov/content/travel/en/traveladvisories/COVID-19-Country-Specific-Information.html>)

Dabalataanis, gara Yuunaayitid Isteetsitti wayita deebi'an, imalootni hundi imala isaanii dura guyyaa **tokko** kan hin caalle keessatti kan taasifame bu'aa qorannoo COVID-19 negeetiivii ta'e agarsiisuu **qabu**.

Isin dhukkuba yoo ta'e ykn bu'aan qorannoo COVID-19 keessanii poozetiiva yoo ta'ee fi erga mallattooleen dhukkubichaa isin irratti argamanii ykn erga qoratamtanii guyyaa 10 hintaane yoo ta'e HIN imalinaa.

Nama COVID-19 qabu waliin yeroo dhioo asitti waltuttuqqii dhiyoo qabaattanii turtan yoo ta'e HIN imalinaa. Erga saaxilamtanii guyyaa shan booda qoratamaa, akkasumas guyyaan adda of baasuu keessanii fi guyyoonni kurnan maaskii godhachuu keessanii hanga xumuramutti hin imalinaa.

Bu'aa qorannoo COVID-19 eeggataa jirtu yoo taatan HIN imalinaa. Bakka itti imaltan osoo jirtanii bu'aan qorannoo keessanii poozetiiva ta'ee yoo isinii deebi'e, hanga adda of baasuu keessan xumuruun balaa hin qabaannetti adda of baasuu fi deebii keessan tursuu qabdu. Maatiiwwan keessanii fi namoonni isinii wajjin waltuttuqqii qaban illee adda of baasuu qabu.

Talaalliiwwan COVID-19 fudhachuuf gorfaman hunda hin qabdan yoo taatan, imala idil-addunyaa hin taasisinaa. Yoo imaluun isinirra jira ta'e, hanga dandeessan yeroo imala keessaniitti butaati, imala keessan guyyaa sadii kan hin caalle dursaatii qoratamaa.

Haala kana keessatti, maatiin keessan gaafa Roobii deema. Miseensonni maatii talaalliiwwan COVID-19 gorfaman hunda argatanii hinjirre imala isaaniin dura gaafa Dilbataa, Wiixataa ykn Kibxataa qoratamuu qabu.

Dabalataanis, *namni hundi* imala idil-addunyaa erga taasisanii guyyaa sadii hanga shanii **booda** qoratamuu qabu, guyyoota 90n darban keessatti COVID-19 qoratamanii poozatiiva hanga hintaanetti.

Isinii fi maatiin keessan gaafa Jimaataa imala keessan irraa deebitu. Hundi keessanuu Wiixata, Kibxataa, ykn Roobii qoratamuu qabdu. Mallattooleen dhukkubaa yoo isin irratti mul'atan atattamaan qoratamaa.

Imalootni talaalliiwwan COVID-19 gorfaman hunda fudhatanii hinjirre imala Idil-addunyaatiin booda guyyoota shaniif mana turuu (adda of baasuu) qabu. Namoonni talaalliiwwan COVID-19 gorfaman hunda fudhatanii jiran ykn ji'oottan sadan darban keessatti COVID-19 isaan qabee ture adda of baasuun irraa hin eegamu.

Waa'ee yeroowwan biroo itti qoratamuu qabdaniif fi eessatti akka qoratamuu qabdan caalaatti baruuf, marsariitii COVID-19 Qoratamuu MDH daawwadhaa.

(<https://www.health.state.mn.us/diseases/coronavirus/testsites/index.html>)

[muuziqaa bohaarsaa]

Minnesota Department of Health
Communications Office
PO Box 64975
St. Paul, MN 55164-0975
651-201-4989
health.communications@state.mn.us
www.health.state.mn.us

2/2/22 (Oromo)

Odeeffannoo kana bifa biraadhaan argachuuf asirratti bilbilaa 651-201-4989